Biiroo Barnootaa Oromiyaa 2014/2022

AFAAN OROMOO

KITAABA BARATTOOTAA

Akka Afaan Lammaffaatti

Gatii.

AFAAN OROMOO

KITAABA BARATTOOTAA

Akka Afaan Lammaffaatti

KUTAA 6

AFAAN OROMOO KUTAA 6

Kitaaba Kana Haala Gaariin Qabachuun itti Fayyadami !!



Kitaabni kun qabeenya keefi kan mana barnootaa keetii waan ta'eef, akka hinbanne yookiin hinciccinne haala gaariin qabadhu. Kana gochuuf immoo, qabxiilee armaan gadii hojiirra oolchi:

1. Kitaabicha wantoota akka laastikii, gaazexaafi waraqaalee adda addaan gama-li/haguugi.
2. Yeroo hundaa kitaabicha bakka qulqulluufi gogaa kaa'i.
3. Yeroo kitaaba qabattu harka jiidhaafi xuraawaan hintuqin.
4. Kitaabicha irratti hinbarreessin.
5. Kitaabicha keessa dabtara yookaan kitaaba biroo hinkaa'iin.
6. Fuula kitaabichaa kamiyyuu keessaa kuttee hinbaasin.
7. Fuula cite yookaan tarsa'e kamiyyuu hapheessuun suphi.
8. Kitaabicha yeroo boorsaa (kaalixa) kee keessa kaawwattu of eeggannoon iddoo qabsiisi.
9. Kitaabicha yeroo namatti laattus ta'u yeroo keessu hindarbatiin.
10. Yeroo fuula kitaabaa garagalchitu roga isaa qabachuun garagalchi. Kun immoo, kunuunsa qola kitaabichaaf fayyada.

Afaan Oromoo
(Akka Afaan Lammaffaatti)

Kitaaba Barattootaa Kutaa 6

Barreessitoota

Darajjee Raggaasaa

Mitikkuu Dibbeessaa

Gulaaltota

Damee Abarraa Baacaa

Waaqumaa Waamii

Madaaltota

Abdiisaa Gannatii

Dastaa Taaddagaa

Giraafiksii

Taaddasaa Dinquu

Fakkibsaa

Buzaayyoo Girmaa

Biiroo Barnootaa Oromiyaa, 2014/2022

© Biiroo Barnootaa Oromiyaa, 2014/2022

Kitaabni kun walta'iinsa Biiroo Barnootaa Oromiyaafi Kolleejjii Barnoota Barsiisotaa Jimmaatiin bara 2014/2022 qophaa'e.

Mirgi abbummaa kitaaba kanaa seeraan eeggamaadha. Hayyama Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin ala guutummaanis ta'e gamisaan maxxansiisuus ta'e baay'isanii raabsuun seeraan nama gaafachiisa.

BAAFATA

Matadureee **Fuula**

Boqonnaa 1: Nagaa Walgaafachuufi Of-beeksisuu.....1

Boqonnaa 2: Maatii.....12

Boqonnaa 3: Galgaleefi Mana barnootaa Ishee.....22

boqonnaa 4: Sheekkoo.....28

Boqonnaa 5: Meeshaalee Manaa.....35

Boqonnaa 6: Oduu Durii.....42

Boqonnaa 7: Halluu.....53

Boqonnaa 8: Iddoowwan.....59

Boqonnaa 1: Nagaa Walgaafachuufi Of-beeksisuu

Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Yeroo namoota nagaa gaafattu kanneen asii gadii barbaachisoo waan ta'aniif hubadhu.

	Yeroo walargan		Yeroo addaan bahan	
	Ganama	**Waaree booda**	**Ganama**	**Waaree booda**
Hiriyaa	Akkam bulte?	Akkam oolte?	Nagaan ooli (nagaatti)	Nagaan buli (nagaatti)
Namoota baay'ee	Akkam bultan?	Akkam ooltan?	Nagaan oolaa	Nagaa bulaa (Nagaatti)
Kabaja agarsiisuuf	Akkam bultan?	Akkam ooltan?	Nagaan oolaa	Nagaa bulaa (Nagaatti)

Gilgaala 1. Waliin dubbii Taliileefi Jiituu asii gadii dubbisi. Atis hiriyaa kee waliin akka Taliileefi Jiituutti haasaa taasisi.



Taliilee: Haloo, Jiituu!

Jiituu: Haloo, Taliile! Akkam bulte?

Taliilee: Nagaa kooti. Ati akkam bulte?

Jiituu: Obboleessi kee, Abdiin, nagaadhaa?

Taliilee: Nagaa isaati.

Jiituu: Nagaa koo itti naaf himi.

Taliilee: Tole. Atis maatii keetti nagaa koo itti naaf himi.

Jiituu: Nagaan ooli.

Taliilee: Atis nagaan ooli.

Gilgaala 2. Gaaffilee asii gadii irratti gareen mariyachuun afaaniin deebisaa.

1. Bilbila kan jalqaba bilbile eenyu?
2. Kan isaan waliif bilbilan ganama moo galgala?
3. Abdiin obboleessa eenyuuti?
4. Hiriyyoonni ganamaan nagaa yoo walgaafatan maal jedhanii jalqabu?
5. Ganama yoo addaan bahan hoo maal jedhu?

Gilgaala 3

A. Nagaa walgaafannaa asii gadii jechoota kennaman keessaa filachuun hiriyaa kee waliin xumuri.

Obseen **waaree booda** yommuu mana barnootaatii galtu barsiisaa Ifaa waliin nagaa walgaafatan.

buli	ooltee	isaanii	Isin	bulaa

Barsiisaa: Nagaa _____, Obsinaan?

Obsee: Nagaa kooti. _____ nagaadhaa?.

Barsiisaa: Maatiin kee hunduu nagaa _____ tii?

Obsee: Hundi isaaniituu nagaadha.

Barsiisaa: Tole, nagaan _____.

Obsee: Tole, isinis nagaan _____.

B. **Hiriyaa kee waliin ta'uun, tokko akka barsiisaa tokko ammoo, akka Obsee** ta'uun **nagaa walgaafachuun gahee taphadhaa.**

Gilgaala 4. Fakkeenya asii gadii bu'uura godhachuun waa'ee kee hiritoota daree keef ibsi.

Fakkeenya,

Ani Daraatuun jedhama. Abbaan koo Birraa Tolaa jedhama. Haati koo ammoo, Hawwii Waaqoo jedhamti. Bara 2002 Magaalaa Finfinnee, Kutaa Magaalaa Gullalleettin dhaladhe. Obboleessa tokkoofi obboleettii tokkon qaba. Obboleessi koo Guyyoo jedhama. Obboleettiin koo ammoo, Hangaatuu jedhamti. Ani kutaa jahan baradha. Maqaan mana barnootaa koo, Mana Barnootaa Sadarkaa Tokkoffaa Jeneraal Taaddasaa Birruu jedhama. Waan na dhaggeeffattaniif galatoomaa.

Maqaan koo _____jedhama. Maqaan abbaan koo _____ jedhama. Haati koo ammoo _____ jedhamti. Bara ___ bakka _____jedhamuttin dhaladhe. Obboleessa ____fi obboleettii ____ qaba. Obboleessi koo _____ jedhama. Obboleettiin koo ammoo, _____ jedhamti. Ani kutaa jahan baradha. Maqaan mana barnootaa koo, _____ jedhama. Waan na dhaggeeffattaniif galatoomaa.

Barannoo 2: Dubbisuu

Gilgaala 5

A. **Jechoota asii gadii sagalee ol kaasuun dubbisi. Itti aansuun, kanneen sagalee gabaabaafi dheeraa adda baasuun gabatee keessatti guuti.**

mana	gara	laga	aadaa	muka
moofaa	ija	xaafii	nafa	tabba
boonaa	bona	daaraa	laafaa	aanaa
raafuu	ana	lafa		

Jechoota sagalee gabaabaa	Jechoota sagalee dheeraa
lafa	laafaa
ana	aanaa

B. **Jechoota gadii sagalee ol kaasuun dubbisi. Itti aansuun, kanneen sagalee laafaafi jabaa qaban adda baasuun gabatee keessatti guuti.**

lama	saddeet	dhadhaa	jilba	sadi maddii	
biyya	sammuu	nyaara	adurree	mataa	siree
dhibee	waadaa	saamuu	Soddaa	dibbee	damma

TL.	Jechoota sagalee laafaa	Jechoota sagalee jabaa
1	mataa	soddaa
2	lama	maddii
3		
4		
5		

Yaadannoo

Sagaleewwan Jechoota Afaan Oromoo

Jechoota sagalee gabaabaa

Jecha keessatti jalqaba, gidduu yookiin dhuma jechaarratti qubeen dubbachiiftuu akaakuu tokko lama walitti aanee yoo

hinbarreeffamne yommuu dubbifnu sagaleen nigabaabbata.

Kana jechuun, yommuu dubbannu sagaleen kan gabaabbatu yoo ta'e, wayita barreessinu qubee dubbachiiftuun akaakuu tokkoo tokko qofa ta'a jechuudha. Fakkeenyaaf, *soba, mucha, isa, saba, lafa, lama, sagal, soba, quba, afur, mana, qofa, muka, luka, laga, gola, qara, same....*

Jechoota sagalee dheeraa

Jecha keessatti jalqaba, gidduu yookiin dhuma jechaarratti qubeen dubbachiiftuu akaakuu tokkoo lama walitti aananii yoo barreeffaman yommuu dubbifamu sagaleen nidheerata. Fakkeenyaaf, raafuu, roobii, waadaa, hoolaa, goodaa, baaduu, gaaduu, baaccuu, yaaduu, laafaa, qaaquu, hooquu, saaguu, dheeduu, jooruu, xuuxuu, tuullaa, mooraa, booree, waadaa, wiixaa, yuusuu, teellaa, naasuu, aadaa.....

Jechoota sagalee jabaa

Jecha tokko keessatti (gidduu jechaatti) qubeen dubbifamaa akaakuu tokko lama walitti aananii yoo barreeffaman jechichi yommuu dubbifamu sagaleen nijabaata. Fakkeenyaaf,. battee, bubbee, baaqqee, hawwii, hoffaa, Mudde, moggaa, battee, ganna, bobbaa, hattuu, lukkuu, lixxe, qixxee, hojjaa, fayyaa, sammuu, hurraa keessa, harree, madda, gubbaa, soddaa, gadda, baddaa, dubbii, yeeyyii, ...

Jechoota sagalee laafaa

Jecha keessatti (gidduu jechaatti) qubeen dubbifamaa akaakuu tokko lama walitti aanee yoo hinbarreeffamne yommuu dubbifamu sagaleen nilaafa. Fkn hate, gate, muka, luka, jala, same, gale, saba, ija, wace, bade, hafe, muge, dhuka, mala, lama, mana, haqa, bara, isa, bute, lixe, ure,

Barannoo 3: Barreessuu

Gilgaala 6

A. Jechoota asii gadii sagalee gabaabaa qaban dheeressuun jecha biroo hiika qabu uumuun barreessi.

Fakkeenya,

a. gobe__goobe

b. fale__faale

1. qodaa _____
2. same_____
3. garaa _____
4. mala_____
5. gara_____
6. laga_____
7. dhibe_____

B. Jechoota asii gadii sagalee laafaa qaban jabeessuun jecha hiika qabu kan biroo uumuun barreessi.

Fakkeenya,

a. hamate __hammate

b. badaa___baddaa

1. qalate_____
2. sodaa _____
3. balaa_____
4. gadaa_____

Barannoo 4: Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 7

Jechootaafi fakkiilee asii gadii walitti firoomsi.

A	B
1. haamtuu	A 
2. waanjoo	B
3. gindii (noohee)	C.
4. doomaa	D
5. qottoo	E, 

Barannoo 5: Caasluga

Gilgaala 8. Jechoota maqaalee dhuunfaa agarsiisan jaha barreessi.

Fakkeenyaaf,

a) Magarsaa = maqaa namaati.
b) ejersa =maqaa mukaati
c) Baddallee = maqaa magaalaati.

1. _____
2. _____
3. _____
4. _____
5. _____
6. _____

Yaadannoo

Maqaan kan namoonni, bakkeewwan, wantoonniifi kanneen kana fakkaatan ittiin waamamanidha.

Maqaan dhuunfaa kan namni, bakki, biyyi, lagniifi kanneen kana fakkaatan dhuunfaan ittiin waamamudha.

Fkn. Magarsaa, Asallaa, Laga Waabee, Oromiyaa...

Maqaan waliinii ammoo, kan wantoonni, namoonni, bakkeewwaniifi kanneen kana fakkaatan waliin ittiin waamamanidha.

Fkn. siree, muka, jaldeessa, nama....

Boqonnaa 2: Maatii

Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Gilgaala 1

A. Jechoota siif dubbifaman qalbiin dhaggeeffachaa jechoota sagalee dheeraafi gabaabaa adda baasii barreessi.

jechoota sagalee gabaabaa	Jechoota sagalee dheeraa
1. _____	_____
2. _____	_____
3. _____	_____
4. _____	_____
5. _____	_____

B. Jechoota siif dubbifamu dhaggeeffachaa jechoota sagalee laafaafi jabaa adda baasii barreessi.

jechoota sagalee laafaa	jechoota sagalee jabaa
1. _____	_____
2. _____	_____
3. _____	_____
4. _____	_____

C. **Fakkii asii gadii irratti lakkoofsi 1-8 kennaman maal akka agarsiisan barreessuun hiriyyaa keetti himi.**



Fakkeenya: 1. **rifeensa mataa**

2 . _____

3 . _____

4 . _____

5 . _____

6 . _____

7 . _____

8 . jilba

Barannoo 2: Dubbisuu

Gilgaala 2. Deebii gaaffilee asii gadii dhuunfaan afaaniin deebisi.

1. Fakkii asii oliirraa maal hubatte?
2. Miseensota maatii tokkoo kanneen jedhaman eenyu fa'i?

Gilgaala 3. Dubbisa dhiyaate dubbisaa gaaffilee asii gadii deebisi.

1. Maatiin gamtaa namootaa walitti _____ qabaniiti.
2. Maatiin tokko _____ garagaraa qabaachuu danda'a.
3. _____fi _____maatii tokko hoogganu; ijoollee isaanii aadaafi safuu barsiisu.

4. Keeyyata 1ffaa keessatti hiikni jecha ....***dhiigaan***... jedhu maali?

   A. fira dhiyoo B. ollummaa C. soddummaa

Maatii

Maatiin gamtaa namootaa walitti hidhatiinsa qabaniiti. Walitti hidhatiinsi maatii tokkoo karaa adda addaa mul'achuu danda'a. Fakkeenyaaf, karaa gaa'elaa (fuudhaafi heerumaa), guddifachaa, akkasumas **dhiigaan** ta'uu danda'a.

Maatiin tokko miseensota garagaraa qabaachuu danda'a. Isaanis, haadha, abbaa, ijoollee, akkawoo, akaakayyuufi kanneen kana fakkaatan dabalata.

Miseensonni maatii kunis gahee mataa mataa isaanii qabu. Fakkeenyaaf, haatiifi abbaan mana sana hogganu. Ijoollee isaanii aadaafi safuu barsiisu. Ijoolleen ammoo, aadaafi safuu ofii beekanii hojiirra oolchu. Waan humni isaanii danda'unis maatii isaanii gargaaru.

Gilgaala 4. Dubbisa asii olii irratti hundaa'uun caatoo asiigadii barreessuun guuti.



Gilgaala 5. Gaheen miseensota maatii keetii maal maal akka ta'e hiriyaa kee waliin mariyachuun afaaniin dareef ibsi.

Barannoo 3: Barreessuu

Gilgaala 6

A. **Jechoota asii gaditti kennaman keessaa kanneen irra butaafi hudhaa qaban adda baasii barreessi.**

ilma	miseensa	durba	ta'u
Kolfa	danda'u	gaa'ela	gamtaa
barsiisaa	humna	hidhatiinsa	

	Irra butaa	hudhaa
Fakkeenya:	1. humna	1. gaa'el
	2. _____	2. _____
	3. _____	3. _____
	4. _____	4. _____
	5. _____	5. _____
	6. _____	6. _____

Yaadannoo

Sagalee Irrabutaa

Jecha keessatti, jidduu jechaatti qubeen dubbifamaa akaakuu adda addaa lama walitti aananii yoo barreeffaman sagalee irrabutaa jed-hama.

Fakkeenya,

morma	qalma	bultii	harma	sobduu
hordaa	arba	gartuu	barsiisuu	sirba
marqaa	qilxuu	waldaa	iftaan	humna
sardiida	golgaa			

Akkuma jechoota armaan oliirraa hubatamutti jecha gidduutti qubeen dubbifamaa akaakuu garagaraa lama walitti aananii barreeffamaniiru. Kana jechuun, qubeen dubbachiiftuu ' i ' irra butamee jira jechuudha.

B. Fakkiilee asii gadii ilaaluun maqaa isaanii keessaa qubee hafe barreessi.

Ku_ _aa

Ma_a



Hoo_aa

Lu_ _uu

. San_aa

Si_ee



Tu_ _uu



Bo_ _olloo

Barannoo 4: Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 7

Meeshaalee roga B jala jiran maqaa isaanii roga A jalatti barreeffame waliin walitti firoomsi.

A	B
1, Minjaala	A,
2, Boronqii	B,
3, Gabatee gurraacha	C.
4, Kitaaba	D.
5, Haxooftuu	E.

Barannoo 5: Caasluga

Gilgaala 8

A. **Jechoota asii gadii keessaa kanneen maqaa waliinii ta'an adda baasuun barreessi.**

Fakkeenya,

nama , harree, muka……

Iftuu _ maqaa nama tokkoof kennamudha. Kanaafuu, maqaa waliinii miti.

Gammachuu _ kunis maqaa namni tokko ittiin waamamu waan ta'ef maqaa waliinii hinta'u.

nama _ jechi kun ammoo, kan dhuunfaan namni tokko ittiin waamamu osoo hintaane, namoonni hunduu kan ittiin waamamaniidha. Haaluma kanaan, Iftuufi Gammachuun nama. Kanaafuu,jechi '**nama**' jedhu lamaan isaaniikan ittiin waamaman waan ta'eef, "maqaa waliinii" jedhama.

muka qilxuu Fulbaana ji'a Bulloo

biyya Itoophiyaa magaalaa laga Adaamaa

ganda ijoollee Hawaash Gammachuu

Maqaa waliinii

1. _____
2. _____
3. _____
4. _____
5. _____
6. _____
7. _____
8. _____

B. **Jechoota maqaa waliinii ta'an 5 (shan) kan mataa keetii barreessi.**

1. _____
2. _____
3. _____
4. _____
5. _____

Yaadannoo

Maqaan kan namoonni, bakkeewwan, wantoonniifi kanneen kana fakkaatan ittiin waamamanidha.

Maqaan waliinii kan wantoonni, namoonni, bakkeewwaniifi kanneen kana fakkaatan waliin ittiin waamamanidha.

Fkn. siree, muka, jaldeessa, nama....

Boqonnaa 3: Galgaleefi Mana Barnootaa Ishee

Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Gilgaala 1 . Dubbisa siif dubbifamu osoo hindhaggeeffatiin dura gaaffilee asii gadii afaaniin deebisi.

1. Mana barnootaa kee irraa bu'aa maalfaa argatta?
2. Mana barnootaa kee keessatti maalfaa hojjatta?

Gilgaal 2. Gaaffileee asii gadii dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachaa deebisi.

1. Manni barnootaa Galgaleef _____ baay'ee ooleera.
2. Gumiin aadaafi afaanii _____fi ___ ishee akka beektu ishee gargaaree jira.

3. Barnoota dabalataa ishee akka _____tti cimtu ishee gargaarera.
4. _____ waliin taaphattuufi qo'attuun akka walbartu carraa uumeeraaf.

Gilgaala 3. Dubbisa dhaggeeffatte bu'uura godhachuun bu'aa mana barnootaa kee irraa argattu dareetti himi.

Gilgaala 4. Dubbisa dhaggeeffatte irra deebi'uun dareef afaaniin himi.

Gilgaala 5. Gaaffilee asii gadiirratti gareen mariyachuun afaaniin deebisi.

1. Fakkiilee asii gadii ilaaluudhaan waan barattoonni hojjachaa jiran himaa.

2. Gochoota fakkii asii gadiirraa hubatte barattoonni yeroo akkamiifaa akka raawwatan himaa.



Gilgaala 6. Gaaffilee asii gadiirratti gareen mariyachuun afaaniin dareef ibsaa.

1. Ati yeroo kam qo'atta?
2. Eenyu waliin qo'atta?
3. Eessatti qo'atta?

Barannoo 2: Dubbisuu

Gilgaala 7

Dubbisa asii gadii sagalee olkaasuun dareef dubbisi.

Caaltuun barattuu kutaa jahaffaati. Barnoota ishee irrattis cimtuudha. Hojii hojjattu hunda karooraan waan hojjattuuf, yeroo isheetti sirriitti gargaaramti. Ganama hirribaa akka kaateen ciree ishee nyaattee mana barnootaa deemti. Mana barnootaattis barumsa ishee sirriitti hordofti. Akkuma mana barnootaatii deebiteen xiqqoo boqatti. Itti aansitee, maatii ishee hojii gargaarti. Dhumarrattis, hojii manaa erga hojjattee booda barumsa guyyaa baratte keessa deebitee dubbistee rafti.

Barannoo 3: Barreessuu

Gilgaala 8. Jechoota gabatee asii gadii keessatti barreeffaman walitti fiduun hima ijaari.

Fakkeenya,

a. Caaltuun bishaan dhugde.
b. Caalaan bishaan dhuge.

Caaltuun Caalaan	laaqana	dhugde
	bishaan	barreessite
	xalayaa	nyaate
	kitaaba	dubbiste
	kitaaba	dubbise
	gara mana barnootaa	dhaabe
	biqiltuu	deemte

Barannoo 4: Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 9

A. Waa'ee qaamolee bishaanii asii gadii waan beektu barsiisaa/tuu keetti himi.

- laga _____
- hara _____
- galaana _____

B. Laga, haraafi garba beektu lama barreessi.

Fakkeenya,

a. Laga Gibee
b. Hara Hawaasaa
c. Garba Atilaantikii

Barannoo 5: Caasluga

Gilgaala 10

Fakkiilee roga 'A' jala jiran hima roga 'B' jala jiran waliin walitti firoomsi.

A	B
1.	A. Bokkaan roobaa jira
2.	B. Saani marga dheedaa jirti
3.	C. Nuti Afaan Oromoo barataa jirra.
4.	D. Caaltuun bishaan dhugaa jirti.

Boqonnaa 4: Sheekkoo

Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Gilgaala 1.Faaruu siif dhiyaatu erga dhaggeeffattee booda, irra deebi'ii faarsi.

Gilgaala 2. Skeekkoo siif dubbifamu xiyyeeffannoon dhaggeeffachuun irra deebi'ii hiriyaakeetti himi.

Gilgaala 3. Gaaffilee asii gadiif deebii kenni.

1. Sheekkoo naannoo keetti beektu tokko hiriyaa keetti himi.
2. Sheekkoo hiriyaan kee sitti hime/te deebisii dareef himi.

Barannoo 2: Dubbisuu

Gilgaala 4. Osoo dubbisa dhiyaate hindubbisiin dura, gaaf-filee asii gadii dubbisi.

1. Sheekkoon maali?
2. Sheekkoo waa'ee qocaafi culullee dhageessee beektaa?

Gilgaala 5. Gaaffilee asii gadii dubbisa dhiyaate dubbisaa deebisi.

1. Cululleefi qocaan hiriyummaa isaanii cimsachuuf mana isaaniitti _____.
2. Qocaan akka cululleetti _____ hinqabu.
3. _____ qocaa galaana keessaa baafte.

Culullee fi Qocaa

Bara durii culullee tokkoofi qocaa tokkotu hiriyaa waliif ta'an. Hiriyummaa walii caalaatti cimsachuuf mana waliitti wal affeeruuf walii galan. Jalqaba, qocaan culullee mana isaatti affeere. Culullee nis affeerraa qocaa fudhattee gara mana qocaa deemtee nyaataa oolte. Itti dhiinaanis, achuma bultee barii galte.

Itti aansuun, culullee n qocaa mana isheetti affeerte. Haata'u malee, qocaan akka culullee waan koochoo hinqabneef, gara mana culullee tti deemuu dadhabe. Culullee nis rakkina qocaa waan hubatteef, miila isheetiin qabdee rarraasuun gara mana isheetti akka balaliitu walii galan. Haaluma kanaan, culullee n miila isheetiin qabattee balali'uu eegalte.

Haata'u malee, osoo balali'aa jiranii qocaan miila ishee irraa mucucaatee galaana guddaa tokko keessatti kufe. Galaana daakuus waan hindandeenyeef, liqmsamee osoo jiruu, raachi tokko argee galaana keessaa baase. Boodas, "Maaltu galaana kana keessatti si gate?" jedhee gaafate. Innis, hiriyaa gita koo hintaane baafadheen samii yaabee akkas ta'e," jedhee jedhama.

Gilgaala 6. Gaaffilee asii gadii dubbisarratti hundaa'uun deebisi.

1. Sheekkoo kana irraa maal baratte?
2. Sheekkoo asii olitti dubbiste yaadota ijoo raawwataman tartiibaan deebisii dareef afaaniin ibsi.

Gilgaala 7. Fakkiilee asii gadii akka tartiiba gochaalee dubbisa keessatti raawwatamaniin kaa'i.



Barannoo 3: Barreessuu

Gilgaala 8. Fakkiiwwan asii gadii jalatti maqaa isaanii barreessi.

Fakkeenya,

1 re'ee

2._____

3. _____

4._____

5 _____

6._____

Gilgaala 9. Jechoota asii gadii keessatti bakka hudhaan galuu qabutti galchuun barreessi.

Fakkeenya,

a. cee = ce'e

b. moaa = mo'aa

1. fee _____
2. due _____
3. gaaela _____
4. daaima _____
5. dhae _____
6. kae _____
7. kaae _____

Barannoo 4: Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 10. Jechoota fakkiilee waliin asii gaditti dhiyaatan keessaa filachuun bakka duwwaa kenname irratti barreessuun himicha guutuu taasisi.

xuwwee (distii)

kubbaayyaa

finjaala (siinii)



gundoo

eelee

coocoo (elemtuu)

1. _____n ittoo ittiin hojjachuuf tajaajila.
2. _____n buddeena ittiin tolchuuf fayyada.
3. _____n aannan itti elmuuf fayyada.
4. _____n bishaan ittiin dhuguuf tajaajila.
5. _____n xaafii ittiin qulleessuuf tajaajila.
6. _____n buna ittiin dhuguuf fayyada.

Barannoo 5: Caasluga

Gilgaala 11

A. Maqaa halluuwwan asiin gaditti dhiyaatanii bakka duwwaa qophaa'e irratti barreessi.

Diimaa

1. _____
2. _____
3. _____
4. _____
5. _____



B. **Halluuwwan asiin gadii fayyadamuun himoota ijaari.**

Fakkeenya,

keelloo = Hawwiin abaaboo keelloo jaallatti.

1. gurraacha
2. adii
3. diimaa
4. keelloo
5. magariisa
6. cuquliisa
7. magaala

Boqonnaa 5: Meeshaalee Manaa

Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Gilgaala 1

A. Qajeelfama siif dubbifamu sirriitti dhaggeeffachuun waan ajajamte raawwadhu.

B. Kallattii siif dubbifamuu hordofuudhaan kaartaa asii gadii irraa isa kam akka ta'e agarsiisi.

1. Akka qajeelfama 1ffaatti kan bira geessu _____ ta'a.
2. Akka qajeelfama 2ffaatti kan bira geessu _____ ta'a.
3. Akka qajeelfama 3ffaatti kan bira geessu _____ ta'a.

Gilgaala 2. Haala barsiisaa/tuun fakkeenya kennuun dubbisanitti jechoota kennaman qoqqooduun dubbisi.

Fakkeenya,

siree = si_ree

jabanaa = ja_ba_naa

jaldeessa = jal-dees-sa

1. qabee _____
2. haaduu _____
3. fallaana _____
4. waancaa _____
5. xuwwee _____
6. saanduqa _____
7. gingilchaa _____

Barannoo 2: Dubbisuu

Gilgaala 3

A. **Fakkiilee meeshaalee manaa asii gadii ilaaluun maal akka ta'aniifi tajaajila isaanii dareetti himi.**

1.

2.

3.

4.

B. **Fakkiileen asii gadii maal akka agarsiisan gareen mariyachuun duraa duubaan gochaalee dareef ibsaa.**



Barannoo 3: Barreessuu

Gilgaala 4. Jechoota asii gadii keessaa kanneen sagalee irra butaa qaban adda baasuun hima ittiin ijaari.

harka kophee arba marqaa naacha jirbii dhaamsa
somba damma furdaa cabbii saanduqa

Fakkeenya,

Somba _ Adurreen **somba** nyaatte.

Harka _ Faaxumaan **harka** dhiqatte.

Barannoo 4: Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 5

A. **Fakkiilee asii gadii jalatti maqaa isaanii barreessi.**

1. _____

3. _____

2. _____

4. _____

5. _____

B. **Meeshaalee nyaataa naannoo keetti beektu barreessuun barsiisaa/tuu keef dhiyeessi.**

Barannoo 5: Caasluga

Gilgaala 6

A. Maqaa gaditti kennaman keessaa qeenxeefi baay'ina agarsiisan adda baasuun barreessi.

nama namoota farda fardeen kitaabilee
kitaaba hoolota hoolaa gaala angaa re'ee
mukkeen muka sangoota sooressa re'oota

jaarsa gaarren jaarsolii sooreyyii jaldeeyyii
gaara jaldeessa

Fakkeenya,

Qeenxee	Baay'ee
nama	namoota
jaldeesa	jaldeeyyii
soorettii	sooreyyii

1. _____ _____
2. _____ _____
3. _____ _____
4. _____ _____
5. _____ _____
6. _____ _____
7. _____ _____
8. _____ _____
9. _____ _____

B. **Maqaa asii gadii qeenxeen barreeffaman baay'ina akka agarsiisanitti barreessi.**

Fakkeenya:

leenca	leencota
hoolaa	hoolota
daa'ima	daa'imman

1. tulluu
2. biyya
3. saree
4. biiroo
5. jabbii
6. koree

Boqonnaa 6: Sheekkoo

Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Leencaafi Waraabessa



Gilgaala 1. Gaaffilee asii gadii cimdiin irratti mariyachuun afaaniin deebisaa.

1. Sheekkoon naannoo keessanitti himamu waa'ee maalii irratti xiyyeeffata?
2. Sheekkoo dhageessee beektu keessaa tokko hiriyaa keetti himi.

Gilgaala 2. Dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachaa gaaf fileeasii gadii deebisi.

1. Leenciifi waraabessi bara _____ waliin jiraataa turan.
2. Leenciifi waraabessi eessa waliin jiraataa turan?
3. Leenci goromsa qaba ture.
   A. Dhugaa B. Soba
4. Yeroo qamaleen dhuftu bineensonni _____ jalatti walga'anii turan.
5. Barfatee kan dhufe eenyu?

Gilgaala 3. Dubbisa dhaggeeffattan irratti hundaa'uun gaaffilee asii gadii gareen mariyachuun afaaniin deebisi.

1. Akka dubbisa dhaggeeffatteetti kan sobe eenyu?
2. Qamaleen maaliif muka korte?
3. Leenci maaliif qamaleetti dheekkame?
4. Ati waraabessa moo leenca deeggerta? Maaliif?
5. Ati osoo dhimma akkasii irratti hirmaattee dhugaa jiru tooftaa akkamiin himta?

Gilgaala 4. Gareen ta'uun ayyaana naannoo keessaniitti kabajamu tokko filadhaa. Achiin booda,

- Ayyaanichi akkamitti akka kabajamu ibsi.
- Eenyufaatu ayyaanicha irratti akka hirmaatan ibsi.
- Guyyaa kabaja ayyaanichaa uffata akkamiifaa akka uffatan ibsi.
- Nyaatni guyyaa ayyaanichaaf qophaa'u maalfaa akka ta'e fakkeenya kennuun ibsi.

Barannoo 2: Dubbisuu

Gilgaala 5. Gaaffilee asii gadii dhuunfaa keetiin afaaniin deebisi.

1. Bineeldotni asii gadii maal gochaa kan jiran sitti fakkaata?
2. Sheekkoo waa'ee sangootaafi waraabessaa dhageessee beektaa?
3. Namoonnii hiriyoota waljaallatan adda baasan si mudatee beekaa?

Gilgaala 6. Gaaffilee asii gadii dubbisa dhiyaate dubbisaa deebisi.

1. Sangoonni sadan _____ keessa waliin jiraataa turan.
2. Sangoonni sadan _____ waan qabaniif, diinas ofirraa dhorkaa turan.

3. Waraabessi jalqaba akka adda ba'u kan taasise sangaa isa gurraacha. Soba/dhugaa.
4. Waraabessichi yeroo lammaffaa irratti yoo deebi'u, kan inni gorse sangaa isa kami?

Sangoota Sadiifi Waraabessa

Bara durii sangoota sadiitu turan. Bifti isaanii adii, diimaafi gurraacha. Jaalalaafi tokkummaan bosona keessa waliin jiraatu turan. Tokkummaa waan qabaniif, waraabessi isaan nyaachuu waan hindandeenyeef, mala ittiin adda baasee isaan nyaatu barbaaduu eegale.



Haaluma kanaan, gaafa tokko halkaniin deemee sangaa isa gurraachaafi diimaa kophaatti waamee, "Maali isin akkamitti sangaa adii kana waliin jiraattuu? Bineensi bifa isaa kana fagootti argee dhufee isin nyaachuu danda'a; isa of keessaa baasaa," jedheen. Isaanis, dhugaa itti fakkaatee sangicha isa

adii ofirraa adda baasan.



Kana booda, waraabesichi sangicha isa adii kophaatti argatee nyaate.

Guyyaa lammaffaas, deebi'ee sangaa isa gurraacha

qophaatti waamee, "Ati gowwaadha; bineensi fagootti isin argee dhufee akka isin nyaatuuf sangaa diimaa waliin jiraattaa? Dafii irraa adda bahi," jedhee waan isaaf gaddee fakkaatee isa gorse.

Sangaan gurraachis dhugaa se'ee hiriyaa isaa irraa adda bahe.

Sana booda, sangaa isa diimaa nyaate. Dhumarratti, sangaa isa gurraacha nyaachuun hunda isaanii fixe jedhama. Kanaafuu, gowwoomanii tokkummaa dhabuun diinaaf nama saaxila jechuudha.

Gilgaala 7. Dubbisa irratti hundaa'uun gaaffilee asii gadiif deebii sirrii ta'e filadhu.

1. Kan asii gadii keessaa bifa sangoota sadanii kan hintaane kami?

   A. adii B. burree C. gurraacha

2. Sangoonni sadan tokkummaa waan qabaniif, _____ turan.

   A. waljibbaa B. waraabessatti firoomaa C. diina ofirraa dhorkaa

3. Sangoota sadan keessaa waraabessi dhumarratti kan nyaate sangaa isa kami?

   A. isa adii

   B. isa diimaa

   C. isa gurraacha

4. Waraabessi maaliif sangoota addaan qoqqoode?

   A. nyaachuuf

   B. hiriyaa godhachuuf

   C. fira godhachuuf

5. Ergaa sheekkoo kanaa kan ta'e kami?

   A. Tokkummaa dhabuun nama miidha.

   B. Tokkummaan diinaaf nama saaxila.

   C. Tokkummaa dhabuun nama fayyada.

6. Sangoota kanarraa maal hubatte?

   A. Gowwaa ta'uu isaanii

   B. Abshaala ta'uu isaanii

   C. Beekoo ta'uu isaanii

7. Gowwoomanii tokkummaa dhabuun maaliif nama saaxila?

Barannoo 4: Barreessuu

Gilgaala 8. Jechoota asii gadiitti fayyadamuun hima ijaari.

Fakkeenyaaf,

deeme,
teesse
nyaatan

a. Abdiin kaleessa gabaa deeme.
b. Isheen margarra teesse.
c. Waaqjiraafi Boontuun waliin ciree nyaatan.

1. nyaatte
2. dhuge
3. rafuu
4. hojjette
5. dhaabe

Barannoo 5: Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 9

A. Jechoota yeroo tapha garagaraa taphattu itti gargaaramtu jaha barreessi.

Fakkeenya

a) dhokadhu
b) kottu
c) fiigi
d) taa'i
e) darbadhu

1. _____
2. _____
3. _____
4. _____
5. _____
6. _____

B. Haala fakkeenya kennaameen jechoota jecha kenname waliin deeman caatoo keessatti guuti.

Fakkeenya,

a. bishaan

b. uffata



1. midhaan

2. ilkaan

3. gurguruu

Barannoo 5: Caasluga

Gilgaala 10. Jechoota hanga wantootaa ibsan shan dhuunfaan barreessi.

Fakkeenya,

guddaa mana guddaa

salphaa ba'aa salphaa

bal'aa dirree bal'aa

1. _____
2. _____
3. _____
4. _____
5. _____

Boqonnaa 7: Halluu

Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Gilgaala 1. Seenessa siif dubbifamu erga dhaggeeffatteen booda, fakkiiwwan asii gadii akkaataa duraa duuba seenichaatiin tartiibessi.



Gilgaala 2

A. **Kanneen asiin gadii bakka duwwaa kennamerratti maqaa halluu isaanii barreessi.**

Fakkeenya

Konkolaataa gurraacha

1.

Gabatee_____

2.

Billaacha _____

3.

Baala _____

4.

Farda _____

5.

Abaaboo _____

B. **Halluuwwan asiin olitti dhiyaatan keessaa kamiin jaallatta? Maaliif?**

Barannoo 2: Dubbisuu

Gilgaala 3. Himoota asii gaditti kennaman dubbisii ergaa isaanii gochaan agarsiisi.

1. Kophee gurraacha kan godhatte harka baasi.
2. Foddaa bani.
3. Harka lamaan mataa kee qabadhu.
4. Kitaaba Afaan Oromoo barsiisaatti/tuutti agarsiisi.
5. Barataa si cina jiru harka fuudhuun nagaa gaafadhu.
6. Qalama kee barsiisaaf/barsiistuuf kenni.
7. Olka'ii maqaa kee gabatee gurraacharratti barreessi.
8. Balballi yoo cufamee jira ta'e bani; yoo banamee jira ta'e ammoo cufi.

Barannoo 3: Barreessuu

Gilgaala 4 .Himoota asii gadii walitti qindeessuun hima guutuu barreessi.

Fakkeenya:

a. Guutaan irbaata nyaate.

b. Guutaan rafe.

❖ *Guutaan irbaata nyaatee rafe.*

1.	a) Guutaan irbaata nyaate. b) Guutaan rafe.
2.	a) Boontuun gabaa deemte. b) Boontuun buna bitte.
3.	a) Guutuun ciree nyaate. b) Guutuun mana barnootaa deeme.
4.	a) Gaaddiseen ganamaan kaate. b) Gaaddiseen fuula dhiqatte.
5.	a) Boonaan gabaa deeme. b) Boonaan hoolaa bite.
6	a) Gamteessaan laga deeme. B) Gamteessaan bishaan waraabe.

Barannoo 4: Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 5. Fakkiifi maqaa bineeldotaa walitti firoomsi.

A	B
1.	A. sardiida
2.	B. arba
3. 	C. hardiida
4.	D. gafarsa
5.	E. bosonuu

Barannoo 5: Caasluga

Gilgaala 6. Bamaqaalee roga 'B' jala jiran himoota roga 'A' jala jiran waliin walitti firoomsi.

'A'	'B'
1. Fuula dhiqadhe.	A. Inni
2. Fuula dhiqanne.	B. Ishee
3. Fuula dhiqatte.	C. Nuyi
4. Fuula dhiqattan.	D. Isaan
5. Fuula dhiqate.	E. Isin
6. Fuula dhiqatan.	F.Ani

Boqonnaa 8: Iddoowwan

Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Gilgaala 1.Dubbisa dubbifamu osoo hindhaggeeffatiin gaaffilee asii gadiirratti gareen mariyachuun afaaniin deebisi.

1. Fakkiiwwan asii gadiirraa maal hubatte?
2. Bakki fakkii irratti argitu kun eessa sitti fakkaata?

Gilgaala 2. Dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachaa gaaffilee asii gadii deebisi.

1. Malkaan Qunxurree Finfiinnee irraa fageenya kiloomeetira ___ irratti argama.
2. Malkaan Qunxurree Finfiinneerraa gara kamitti argama?
3. Malkaan qunxuurree iddoo seena qabeessa waan ta'eef ___fi ___n barbaachisaadha.

Gilgaala 3.Dubbisa dhaggeeffatte irratti hundaa'uun gaaffilee asii gadiif deebii sirrii filadhu.

1. Malkaan Qunxurree eessatti argama?
   A. Godina addaa Naannoo Finfiinnee
   B. Godina Arsii Bahaa
   C. Magaalaa Finfiinnee
2. Malkaan Qunxurree maaliin beekama?
   A. Lafa qonnaa
   B. Haftee lafee nama durii
   C. Lafa mana jireenyaa
3. Malkaan Qunxurree maaliif kunuunsamuufi kabajamuu qaba?
   A. Iddoo seena qabeessa waan ta'eef
   B. Hafteen lafee nama durii achitti waan argamuuf
   C. Hunduu deebii ta'u

Gilgaala 4. Dubbisa asii gadii dubbisuun dura gaaffilee itti aanan irratti cimdiidhaan mariyachuun afaniin deebisi.

1. Naannoo keessanitti namoota ogbarruun beekaman eenyu-un fa'i beektu?
2. Waa'ee Looreet Tsaggaayee Gabiremadiin maal beektu?

Looreet Tsaggaayee Gabiremediin

Looreet Tsaggaayee Gabiremediin bara 1929 Godina Shawaa Lixaa, aanaa Amboo, ganda Booda Aabbootti dhalate. Abbaa isaa Obbo Gabiremediin Qawweessaafi haadha isaa Aadde Fallaqachi Daanyee jedhaman irraa dhalate. Barumsa sadarkaa tokkoffaafi lammaffaa Mana Barnootaa Amboo Maaraga Hiwotitti barate. Bara 1949 Kolleejjii Daldalaa Finfinnee seenuun dippiloomaan eebbifameera. Kana malees, biyya Ameerikaatti barnoota seeraatiin digiriidhaan eebbifameera. Sana booda, kennaa ogbarruu qabuun hojii gurguddaa hojjachuun badhaasa adda addaa argateera. Looreetii ta'ees badhaasa addaa fudhate. Kanumaan walqabatee sadarkaa addunyaatti beekamtii olaanaa gonfate..

Gilgaala 5

A. Dubbisa dubbiste irratti hundaa'uun gaaffilee asii gadii deebisi.

1. Tsaggaayee Gabiremediin ganda kamitti dhalate?
2. Tsaggaayee Gabiremediin kolleejjii Finfinneetti kan barate bara kami?
3. Tsaggaayee Gabiremediin barnoota seeraa eessatti barate?
4. Tsaggaayee Gabiremediin badhaasa addaa kan argate maal hojjateeti?

B. Seenaa Tsaggaayee Gabiremediin irraa maal akka baratte dareef ibsi.

C. Seenaa Tsaggaayee dhiyaate fakkeenya godhachuun seenaa jireenyaa kee dareedhaaf himi.

Barannoo 2: Dubbisuu

Gilgaala 6. Dubbisa dhiyaate dubbisuun dura gaaffilee asiin gadiirratti gareen mariyadhaa.

1. Naannoo keessanitti iddoowwa beekamoo ta'an maalfaa beekta?
2. Iddoowwan kanneen maaltu beekamoo taasise?
3. Fakkii asiin gadii kun maal jettee yaadda?

Gilgaala 7. Dubbisa asii gaditti kenname dubbisaa gaaffilee kanneen deebisi.

1. Holqi Soof Umar aanaa kam keessatti argama?
2. Holqichi seensarraa hanga bahinsaatti kiiloomeetira ___ dheerata?
3. Lagni Weeyib yeroo meeqa holqicha qaxxaamura?

Holqa Soof Umar

Holqi Soof Umar Godina Baalee Aanaa Daawwee Qaaccan keessatti argama. Iddoon kun waantota dinqisiisoo baayyee qaba. Holqichi seensarraa hanga bahinsaatti lafa jala kiiloomeetira 16.5 dheerata.Akkasumas, seensa irraa kaasee hanga bahiinsaatti balbala 44 qaba.

Holqicha wanti dinqisiisaa taasise inni biroon, lagni Weyib yeroo torba qaxxamuree keessa darbuu isaati. Lagichas

akkuma cee'ameen teessuma lafaa baay'ee nama hawwatuti argama. Walumaa galatti Holqi Soof Umar iddoo baay'ee nama hawwatuufi nama dinqisiisudha

Gilgaala 8. Dubbisa olitti dubbiste irratti hundaa'uun gaaffilee asiin gadii deebisi.

1. Holqi Soof Umar seensarraa kaasee hanga bahinsaatti bal-bala meeqa qaba?
2. Holqi kun uummataaf faayidaalee maalii qaba jettee yaadda?
3. Iddoon beekamaa kun haala kamiin kunuunfamuu qabu?

Barannoo 3: Barreessuu

Gilgaala 9

A. **Jechoota hammattuu keessatti kennaman keessaa filachuun hima guutuu taasisuun barreessi.**

Fakkeenya,

Barattoonni kubbaa miilaa___ (taphata, taphatan, taphatti).

Barattoonni kubbaa miilaa taphatan.

1. Boonaan laaqana _____(nyaate, nyaatti, nyaatu).
2. Boontuun kitaaba _____(dubbisa, dubbise, dubbiste).
3. Ahimad boru magaalaa _____(deeme, deema, deemti).
4. Caalaafi Caaltuun shaayii _____ (dhugan, dhugdi, dhuge).

5. Galaanaan re'ee _____ (bite, bittii, bitteetti).

6. Guutaafi Gaaddiseen waliin _____ (taphatti, taphate, taphatan).

B. **Himoota asiin gadii yaada sirrii ta'een guutii barreessi.**

Fakkeenya

Barsiisaan kitaaba _____

Barsiisaan kitaaba dubbise.

1. Sareen foon _____
2. Ani ganama ka'een fuula koo _____
3. Gaaddiseen kutaa 6ffaa _____
4. Meetiin xalayaa _____

Barannoo 4: Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 10. Fakkiilee asii gadii qaamolee lafaa agarsiisan ilaaluun maal akka ta'an barreessi.

Fakkeenya,



Tulluu



_____

Barannoo 5: Caasluga

Gilgaala 11. Jechoota asii gadii keessaa filadhuu bakka duwwaa himoota asiin gadii guuti.

koo	isaa	keessan	isaanii
ishee	keenya	kee	

Fakkeenya

Ani kitaaba kanan bitadhe.

Kanaafuu, kitaabni kun ***koo***ti.

1. Nuti kitaaba kana bitanne.

   Kanaafuu, kitaabni kan _____

2. Ati Kitaaba kana bitatteetta.

   Kanaafuu, kitaabni kun kan _____ti.

3. Kitaaba kana isintu bitate.

   Kanaafuu, kitaabni kun kan _____.

4. Isheen kitaaba kana bitatte.
   Kanaafuu, kitaabni kun kan _____ ti.
5. Inni kitaaba kana bitate.
   Kanaafuu, kitaabni kun kan _____ti
6. Isaan kitaaba kana bitatan.
   Kanaafuu, kitaabni kun kan _____ti.

Gilgaala 12. Bamaqaalee roga 'A' jala jiran himoota roga 'B' jala jiran waliin walitti firoomsi.

A	B
1. Ani	a. kitaaba **keenya** dubbifne.
2. Isaan	b. harka **kee** dhiqadhu.
3. Nuti	c. hiriyyaa **koo** waliinan qayyabadha.
4. Ati	d. daree **isaanii** qulqulleessan.
5. Isheen	e. huccuu **keessan** miiccadhaa.
6. Isin	f. kitaaba **isaa** ol kaawwate.
7. Inni	g. qubeessaa **ishee** argatte.

Jechibsoo

Afoola: Gosa ogbarruu haasaa afaaniitiin dhalootarraa dhalootatti taru. Beekumsa ykn falaasama hawaasaafi kanneen kana fakkaatan dhalootaa dhalootatti afaaniin darbaa dhufedha. Fakkeenyaaf, hibboo, mammaaksa, durdurii..

Beellada: Horii manaa jechuudha.

Bineedda: Jechoota Bineensaafi Adda jedhurraa kan ijaarame ta'ee hiikni isaas bineensa biyya tokko qofa keessatti argamu jechuudha.

Bineeldota: Jechoota Bineensaafi Beellada jedhanirraa kan uumamedha.

Caasluga: Jechoota caasaafi luga jedhanirraa kan ijaarame ta'ee caasaa seera lugaa irratti kan xiyyeeffatudha.

Fayyadama jechootaa: Akkaataa jechi tokko hawaasa keessatti hiika itti qabaatu (Fakkeenyaaf, hiika kallattii, hiika dhokataa, hiika galumsaafi kanneen kana fakkaatan)

Gochima: Jecha gocha himu yookaan agarsiisudha.

Hiika galumsaa: Hiika jechi tokko haala keessatti dubbatame yookaan barreeffame keessatti qabu jechuudha.

Maqaa dhuunfaa: Maqaa namni tokko, bakki tokko, lagni tokkoofi kanneen kana fakkaatan dhuunfaan ittiin waamamanidha.

Maqaa waliinii: Maqaa namni, wanti, bakkiifi kanneen kana fakkaatan waliin ittiin waamamanidha.

Maqibsa: Hima keessatti jecha maqaa booda galuun waa'ee maqichaa odeeffannoo dabalataa kan kennudha.

Sagalee dheeraa: Jecha keessatti sagalee dubbachiiftuun akaakuu tokkoo lama walitti aanee kan dhufu yoo ta'e sagalee dheeraa jedhama.

Sagalee gabaabaa: Jecha keessatti sagalee dubbachiiftuun akaakuu tokkoo lama walitti aanee kan hindhufne yoo ta'e sagalee gabaabaa jedhama.

Sagalee irra butaa: Jecha keessatti sagalee dubbifamaa akaakuu adda addaa walitti aanee kan dhufu yoo ta'e sagalee irra butaa jedhama.

Sagalee jabaa: Jecha keessatti sagalee dubbifamaan akaakuu tokkoo lama walitti aanee kan dhufuyoo ta'e sagalee jabaa jedhama.

Sagalee laafaa: Jecha keessatti sagalee dubbifamaan akaakuu tokkoo lama walitti aanee kan hindhufne yoo ta'e sagalee laafaa jedhama.

Sheekkoo: akaakuu durdurii keessaa tokko ta'ee kan hirmaattonni yookaan qooddattoonni bineeldota ta'anidha.